Kutaa 2

Qulqullina Eeggachuu



Dubbisa 8

Qulqullina Eeggachuu

Dubbisa 8 | Kutaa 2

Kitaabni deeggarsaa kun gargaarsa maallaqaa 'USAID' irraa argameen, walta'iinsa dhaabbata 'Pact Ethiopia' fi Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin qophaa'ee dhaabbata 'Save the Children' fi Ministeera Barnootaatiin fooyya'ee kan maxxanfamedha.

Bara 2008/2016

The CC By license lets others distribute, adjust, and build upon this work, for free or commercially, as long as credit is given to the original creation. However, any changes from the original must be indicated.

For more info please refer: https://creativecommons.org/licenses/

Fayyisaan barataa kutaa lammaffaati. Ganama bariidhaan hirriba irraa ka'a. Osoo ciree hin nyaatiin mana fincaanii dhaqa.

Achii deebinaan harkaafi fuula isaa saamunaadhaan dhiqata.

Itti aansee ciree nyaata. Isaa boodas, harka isaa saamunaan dhiqata.

Fayyisaan nyaata booda yeroo hunda afaan isaa nilulluuqqata. Ilkaan isaas nirigata.

Fayyisaan dabbasaa mataa isaa torbanitti yeroo sadii miiccata. Yeroo yeroonis nisirreeffata.

Fayyisaan qaama isaa torbanitti yeroo sadii dhiqata. Uffataafi kophee isaas qulqullinaan qabata.

Fayyisaan qeensa harka isaafi miilasaa yeroo yeroodhaan qulqulleeffata.



Kanaafuu, dhukkubni kamiyyuu Fayyisaa qabee hinbeeku waan ta'eef fayya qabeessa. Yeroo hundas gamadee jiraata.

Yaada sirrii ta'e dhugaa, kan sirrii hintaane immoo soba jechuun deebisi.

1. Fayyisaan ganama akkuma hirriba irraa ka'een ciree nyaata.
2. Fayyisaan qulqullina ilkaan isaa hineeggatu.
3. Fayyisaan rifeensa mataa isaa guyyaa guyyaan miiccata.
4. Qaama isaa torbanitti yeroo sadii dhiqata.
5. Fayyisaan qulqullina ofii waan hineegganneef, utaalloon isa qaba.

Qoqqooduufi Walitti Makuun Dubbisuu

a.	naan-na-wa ⟶ naannawa
b.	lul-luuq-qa-chuu ⟶ lulluuqqachuu
c.	dab-ba-saa ⟶ dabbasaa
d.	fay-ya-da-muu ⟶ fayyadamuu

Qulqullina Eeggachuu

Kitaaba abbaa seenaa kadha ja'aa wal duraa dubaan dandeettii dubbisuu gabbisan

Dubbisa 1	Fakkeenyummaa Gaarii
Dubbisa 2	Halluuwwan Uffataa
Dubbisa 3	Leencaafi Waraabessa
Dubbisa 4	Qonnaan Bulaa Cimaa
Dubbisa 5	Qamaleefi Leenca
Dubbisa 6	Namicha Gowwaa
Dubbisa 7	Maatii Gargaaruu
Dubbisa 8	Qulqullina Eeggachuu
Dubbisa 9	Bineeldota
Dubbisa 10	Meeshaalee Manaa
Dubbisa 11	Barattuu Cimtuu
Dubbisa 12	Nyaata Aadaa
Dubbisa 13	Walqixxummaa
Dubbisa 14	Barataa Qaxalee
Dubbisa 15	Eenyu Haafuudhuu?
Dubbisa 16	Goota Magariisaa

USAID
UJJIMATA AMERIKAA IRAA